Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

Dirqamaa fi Itti Gaafatamummaa Keessan yeroo isin tajaajila bulchiinsa deegarsa manguddootaa fi yeroo dheeraa fi Bulchiinsa Miidhaa Qaamaa Guddina Wajjin Walqabatu Argatan

Your Rights and Responsibilities When You Receive Services Offered by Aging and Long-Term Support Administration and Developmental Disabilities Administration

MAQAA MAAMILAA
LAKK. WARAQAA EENYUMMAA ACES

Tajaajila kennaman

Isin tajaajila isin argachuuf ulaagaa guuttan keessaa filachuuf mirga ni qabdu. Tajaajilootni kennaman tola ooltummaa dha. Tajaajilootni ykn deegarsi bulchiinsi deegarsa manguddootaa fi yeroo dheeraa fi Bulchiinsa Miidhaa Qaamaa Guddina Wajjin Walqabatu isinif kanfalu feedhii keessan hunda guutuu dhiisuu ni danda'a.

ALTSA fi DDA Tajaajiloota iddoowwan armaan gaditti ni kennu:

- Mana Maatii Gaheessotaa, Mana Jireenyaa Deegarsaan kennamu, Faasiliitii Narsiingii, Mana Dhukkubsachiistoota, Mana Guddisa Daa'immanii, Mana Jireenyaa Daa'immanii kan hojjetoota Heeyyama qaban guutate, DDA Mana Gareen Jiraatamu, Mana Leenjii Garee, ICF/IDs; ykn
- Mana nama dhuunfaa. **Hub.:** ALTSA fi DDA mana nama dhuunfaatti tajaajila yaalii dhuunfaa sa'aatii 24 (guyyaa 1) kan kanfaltiin itti raawwatamu hin kennu. Yoo kunuunsi fayyaa sa'aatii 24 barbaadame, filannoowwan tajaajila biraa ilaalcha keessa galchuun raawachuun ni danda'ama.

Sanana kana keessatti hogganaan Dhimma AAA, Hogganaa Risoorsii Dhimma DDA ykn Ispeeshalistiin tajaajila hawaasummaa HCS keessan hojjetaa dhimmaa jedhamanii waamamu.

Mirgoota keessan

Isin mirga armaan gadii ni qabdu:

- Kabajaan otuu loogiin isin irratti hin godhamiin yaalamuu;
- Odeefannoon keessan akkuma seerootni fi danbii DSHS daangeessuun iccitiidhaan qabamu;
- Saamamuu, hacuucamuu, loogamuu, saamicha maallaqaa ykn galagalamanii ilaalamuu dhuu irraa bilisa ta'uu; yoo isin ykn namni isin beektan yoo samame, loogame ykn maallaqa irra darbaa akka kanfalu yoo godhame bilbila kanfaltiin ala DSHS 1-866-363-4276 irratti bilbiluun hojjetaa isin gargaaruu danda'u wajjin dubbadha;
- Qabeenyi kee haala kabaja qabuun kessummeessamuu;
- Tajaajiloota hunda isin fudhachuu dandeessan ilaachisee beeksiifamuu fi tajaajila barbaadan ykn hin barbaadanne filachuu;
- Waa'ee kunnuunsa fayyaa keessan karoorfachuu irratti hojjetaa dhimmaa keessanii waliin michummaan hojjechuu;
- Tajaajila hoggansa dhimma dabalataa isin hin barbaadne dhiisuuf (haa ta'u malee tajaajiloota argachuuf yoo xiqqaate waggaatti yeroo tokko hojjetaan dhimmaa waan armaan gadii kana akka raawwatan heeyyamuu qabdu); hojii qorannoo guutuu, mana keessan daawwachuu fi kenniinsa tajaajila keessan hordofuu);
- Gaaffiiwwan isin hin barbaadne akka deebistan ykn waanta hin isin hin barbaadne akka hojjetan hin darqamtan;
- murtii ejensichaa barreefamaan beeksiifamuu fi koppii karoora kunuunsa yaalaa keessan ykn guddunfaa karoora deegarsaa fudhachuu;
- isiniifi hojjetaan dhimmaa keessan waliigaluu yoo baattan supparvaayizara wajjin dubbachuu;
- Isin koomii kan dhiyeessitan ta'ullee ol'iyyannoo gaafachuu;
- isin oliyyannoo kan gaafatan ta'ulee komii keessan miidhaa qaqqabuu danda'u otuu hin sodaatiin dhiyeefachuu;
- Dubbii fixaa wajjin lakk. bil. 1-888-201-1014 irratti bilbiluun dubbachuu;
- Tajaajila hunda fudhachuu diduu;
- Yoo Afaan Ingilizii sirritti dubbachuu ykn hubachuu hin dandeessu yoo ta'e tajaajila turjumaanaa kanfaltii malee argachuu;
- dhiyeessaa gahumsa qabu filachuu, gaggeessuu ykn jijjiiruu; fi
- dhiyeessaa dhuunfaa isin filatanii ilaalchisee bu'aalee qorannoo dub-duubaa fudhachuu.

Itti gaafatamummaawwan keessan

Isin itti gaafatamummaa armaan gadii qabdu:

- Hojjetaan dhimmaa bakka isinitti tolutti yoo xiqqaate waggaatti yeroo tokko qorannoo keessan akka guutu gochuu;
- Yoo xiqqaate waggaatti yeroo tokko hojjetaan dhimmaa bakka jireenya keessanii akka daawwatu heeyyamuu;
- Gamaagama keessan akka guutnuuf odeefannoo gahaa nuuf kennuu;
- namni kan biraan waa'ee fedhii yaalaa ykn maallaqa ilaalchisee murtii kan murteessu yoo ta'e haaluma kana hojjetaa dhimmaa keessanitti hima;
- Karoora kunuunsa ykn deegarsa fayyaa baasuu keessatti hirmaachuu fi sanada karoora kana irratti mallatteessuu;
- Qaamni ykn namni tajaajila fayyaa isiniif kennu tajaajiloota ykn sa'aatii hojii hin heyyamamniif isaaf kanfalamuu kan dandeenye ta'uu hubachuu;
- Kunuunsa fayyaa keessanii filachuu;
- Nama tajaajila fayyaa kennuuf gahumsa qabu filachuu;
- Bakka hojii nageenya isaa eegate dhiyeessuu;
- Odeefannoowwan qulqulleessuu dub-duuba kennaa tajaajilaa icciitiitiin qabachuu;
- Isin tajaajila kennaa nama dhuunfaa yoo filatan:
  - ✓ Isin hojjechiisaa isaanii ta'uu keessan hubachuufi hojii isiniif hojjeteef kanfaltii argachuun dura waliigaltee qabaachuu kan qabu ta'uu hubachuu; fi
  - ✓ Sa'aatii hojjetaan tajaajila kennu hojjete sanada to'annoo sa'aatii irratti mirkaneessuu;

Barcode label

16172

Dirqamoota keessan (kan itti fufe)

- Yoo qaamni tajaajila isiniif kennu rakkoo qabaate ykn sa'aatii tajaajila kennaa keessan gaafatan kan hin arganne yoo ta'e hojjetaa dhimmaa keessanitti hima.
- Isin tajaajila kunuunsa fayyaa argataniif kanfaltii gargaartanii kan kanfaltan yoo ta'e ji'a ji;aan kennaa tajaajilaa keessaniif kanfaltii raawwadha;
- Haala nama kamiyyuu balaaf saaxiluun hojjechuu irraa of qusachuu; fi
- Dhimmoota armaan gadii irratti jijjiiramni yoo jiraate hojjetaa dhimmaa keessanitti hima:
  - ✓ Haala yaalii keessan;
  - ✓ Deegarsa isin dhaabbilee maatii ykn kanneen biraa irraa argatan;
  - ✓ Bakka jireenyaa keessan; ykn
  - ✓ Haala galii maallaqaa keessan

Dirqamoota hojjetaa dhimmaa

Hojjetaan dhimmaa keessan dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

- Kabajaan isin yaaluu;
- Icciitii keessan eeguu;
- Waanta ALTSA fi DDA isiniif kennuu danda'uus ta'e hin daneenye isinitti himuu;
- Sadarkaa deegarsa keessnaii addaan baafachuuf tajaajiloota isin keessaa filachuu dandeessan ilaalchisee murtii dabarsuuf isin fi namoota biraa irraa odeefannoo argachuu;
  - ✓ Qorannoon ykn gamaagamni kun cimina keessan, rakkoo ykn dadhabina, galmaa fi filannoo keessan of keessatti hammata.
  - ✓ Qorannoon ykn gamaagamni kun deegarsa ykn gargaarsa isin dhaabbilee maatii ykn kanneen biraa irraa amma argachaa jirtan ykn gara fuulduraatti argachuu dandeessaniifi tajaajiloota kana akkamitti fudhachuu ykn argachuu akka barbaadan addaan baasuu of keessatti hammata;
- karoora kunuunsa ykn deegarsa fayyaa kan deegarsa yaalii fayyaa irratti xiyyeefatee fi galmawwan dhuunfaa, filannoowwaniifi fedhiiwwan keessan hamata qopheessuu irratti deegarsa isiniif kennuu;
- Waggaa waggaatiin ykn yeroo haalli keessan jijjiiramu karoora kunuunsa ykn deegarsa fayyaa keessan haaromsuuf ykn odeefannoo hammayyaa keessatti hamachuuf odeefannoo isiniifi kan biraa irraa argachuu;
- Odeefannoo barbaadame akka kennitaniif yeroo gahaa kennuu;
- Rakkoon karoora kunuunsa ykn deegarsa fayyaa irratti yoo uumame beeksiisuu;
- Isin dhibee ykn miidhaa sammuu, narvii, qaama miiraa ykn miidhaa qaamaa yoo qabatan mirgoota keessan kabajuufi deegarsa caalaatti isiniif kennuu; fi
- Isin ogeessa tajaajila fayyaa isiniif kennu argachuu yoo dadhabdan akka isin barbadaatan isin deegaruu;

Beeksiisa ykn akeekkachiisa dursamee kennamu

Isin beeksiisa ykn akeekachiisa dursamee kennamu kennuuf mirga ni qabdu. Beeksiisni ykn akeekkachiisa dursamee kennamu dhaamoo ykn aangoo bakka bu'uummaa waa'ee kunuunsa fayyaa keessanii ilaalchisee kannamu of keessatti hammata. Beeksiisni ykn dhaamoon dursamee kennamu waa'ee kunuunsa fayyaa meedikaalaa fi/ykn sammuu ilaalchisee fedhii isin qabdan kan of keessatti hammatu yoo ta'u kunis yeroo isin murtiiwwan akkasii dabarsuu irratti dandeettii hin qabnetti yaalii meedikaalaa, yaalii fayyaa sammuu ykn yaalii baqaqsanii hodhuu isiniif ajajamu fudhachuu ykn diduuf isin gargaara. Isin dhaamoo ykn beeksiisa dursitanii kennitan yeroo kamiyyuu haquu ni dandeessu.

Tajaajila Galmee Filannoo

Danbiin Galmee Filannoo Biyyooleessaa kan bara 1993 ALA bahe naannooleen ykn kutaaleen biyyaa hunda deegarsa galmee filannoo karaa waajjira deegarsa uummata isaaniitiin akka kennan isaan ni dirqisiisa. Isin filachuuf galmaa'uu ykn dhiisuun keessan faayidaalee ejeensii kanatiin kennaman argachuu keessan irratti dhiibbaa hin qabu. Yeroo unka galmee filannoo guutan deegarsa argachuu kan barbaadan yoo ta'e nuti isin gargaarra. Isin filachuuf galma'uuf ykn galmaa'uu diduuf murtii isin murteessitan icciitiitiin kan qabamu yoo ta'u kaayyoowwan filattoota galmeessuutiif qofa tajaajila irra ni oola.Akka isin filannoof galmooftan ykn dhiistan ykn dhaaba siyaasaa barbaadan filachuu mirgi qabdan ykn filannoon siyaasaa keessan kan biraa irraatti nama biraatiin dhiiba godhe jira jettanii amantu yoo ta'e komii keessan teessoo armaan gaditti dhiyeessuu ni dandeessu:

Washington State Elections Office
PO Box 40229
Olympia WA 98504-0229
1-800-448-4881

Mallattoo keessan

Mirgaa fi dirqama keessan akkasumas dirqama hojjetaa dhimmaa keessanii yoo hubatan sarara armaan gadii irratti mallatteessa.

_____
MALLATTOO MAAMILAA

_____
GUYYAA

_____
MALLATTOO BAKKA BU'AA SEERAA

_____
GUYYAA

Beeksisa maamiltootaafi hojjetootaaf (Warra VI fi VII jala jiraniif): Tajaajilawwan Hawwaasummaafi Fayyaan Muummee Kutaa Waashingiteen dhaabbata yeroo qacaru carraa walqixa ta'e hundaaf kennu waan ta'eef qaccarriiwwan gaggeessu, sagantaawwan ykn tajaajilawwan isaa keessatti umurii, saala, fedhii attamii saalqunnamtiirratti haala qabuun, kooniyaan, eenyummaa koorniyaan/koorniyaa ittiin of ibsuun, haala gaa'elaa, sanyummaan, amantaa, bifa, lammummaa, amantii ykn ilaalcha, ilaalcha siyaasaa, haala sadarkaa loltummaa, kan duraan loltummaarra turee kabajaan gaggeeffameen, kan jaarraa Veetinaam tureen, kan dhiyeenya adda ba'een ykn haala loltuu duraa tureen kan eegumsi ta'uufiin, miidhama sensarii, sammuu, qaamaa jiruun ykn saree lenji'uun nama gaggeessitu fayyadamuun ykn hir'ina qaamaa qabaniin beeyilada fayyadamuun, kaffaltaa walqixa qabaachuun ykn odeeffannoo qecee sanyiin loogii hin godhu.

Your Rights and Responsibilities When You Receive Services Offered by Aging and Long-Term Support Administration and Developmental Disabilities Administration

INSTRUCTIONS

1. Present this form to the client when completing the initial CARE assessment and reviewing the care plan or support plan. If the client is already receiving services and did not previously sign this version of the form, present the form to the client at the next assessment. Review the form with the client to answer any questions about the client‘s rights and responsibilities.

2. Have the client or the client’s representative sign two copies of the form to indicate his/her understanding of the client’s rights and responsibilities when receiving services offered by Aging and Long-Term Support Administration and Developmental Disabilities Administration.

3. File one copy in the hard file or Document Management System (DMS) and give the other copy to the client.